# Haqni Rabbii kan gabroota Isaa irra jiru Isa gabbaruu fi homaa Isatti qindeessuu dhabuudha, haqni gabroonni Rabbirraa qaban immoo nama Isatti homaa hin qindeessine azzabuu dhabuudha

Mu'aaz irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Booda Nabiyyiitti -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- Harree ufayr isaan jedhamu irratti duubaan yaabbadhee osoon jiruu, akkana naan jedhani: "Yaa Mu'aaz! haqa Rabbii kan gabroota Isaa irra jiruu fi haqa gabrootaa kan Rabbirra jiru ni beektaa?", Rabbii fi ergamaa Isaatu beekan jedhe, Ergamaanis ni jedhani: "Haqni Rabbii kan gabroota Isaa irra jiru Isa gabbaruu fi homaa Isatti qindeessuu dhabuudha, haqni gabroonni Rabbirraa qaban immoo nama Isatti homaa hin qindeessine azzabuu dhabuudha", nan jedhe: yaa Ergamaa Rabbii namootaa ittiin gammachiisuu? Ergamaanis ni jedhani: "isaan hin gammachiisin, ni hirkataniitii (kanuma irratti hirkatanii hojii biraa dhiisu waan ta'eef jecha)".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- haqa Rabbiin gabroottan irraa qabuu fi haqa gabroottan Rabbiirraa qaban if galchan, haqni Rabbiin gabroota irraa qabu Isatti waan tokko osoo hin qindeessin Isa qofa gabbaruudha, Haqni gabroonni Rabbirraa qaban worra Isatti homaa osoo hin qindeessine Isa tokkichoomsan azzabuu dhabuudha. Eegasii Mu'aaz ni jedhe: yaa ergamaa Rabbii, namoonni akka gammadanuuf tola guddaa kanaan isaan gammachiisuu? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan namoonni isa irratti hirkatanii hojii dhiisu jedhanii sodaataniif isa dhoorgani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee